

سُورَةُ النُّورِ
Suuraa Nuur

*Dura dursoo suuran tun {suuratunnuur}
je'anti.

قبل كل شئ هذه هي سورة النور

*Isiin suuraa madiina'aati .

وهي مدنية

* Aayaanni isi'ii jahaatamii afuri {64}

وآياتها أربع وستون (٦٤)

*Lakkooyisi isi'ii diiddamii afuri {24}

وترتيبها أربع وعشرون (٢٤)

*Isiin eega suuratulhghashriitii buute

نزلت بعد سورة الحشر

*Jalqabni maqaa Rabbii rahgmata qabuutii

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ

*Suuraan tun suuraa qur'aanaa jabduu ,nuti
buufne ,

سُورَةٌ أَنْزَلْنَاهَا

*Tan waan isii keessa jiru, dalaga'arra ool-
chuu, namarratti firdii, yookaa dirqama
goone,

وَفَرَضْنَاهَا

l} *Suuraa tana keessatti aayata makgnaan
isi'ii beekkamu yookaa mul'atu buufne ak-
ka gorfamtaniif aayata sanirraa: tokko

وَأَنْزَلْنَا فِيهَا آيَاتٍ بَيِّنَاتٍ لَّعَلَّكُمْ تَذَكَّرُونَ ﴿١﴾

*Dhaalaa dhiiratti ida'amte, karaa heeratiin

الزَّانِيَةُ وَالزَّانِي

male'etti, takkaa dhiira dhala'atti heeran male'etti ida'amte, kan dhalaa tanaan
dura heerumee, jaarsi isi'ii wajji hin rafin, yookaa ittin ida'a min, kan dhiirtichi
sun tanaan dura fuudhee, takkaa gulanteeffatee ittin ida'amin ammo yoo san
tayan dhuga'aan ajjeefamanii,

*Hunda isaanii mataa mataatti dhibba

فَأَجْلِدُوا كُلَّ وَاحِدٍ مِّنْهُمَا مِائَةَ جَلْدَةٍ

garafaa ,eegasii biyya sanii baasa'aa , bakka achirraa hanga amna guyyaa la-
ma geessu, geessaa hanga bara yookaa amata tokkoo, achi taa'ee, haa irraan-
fatu, abbumaatu na baase malee silaa na ajjeeftanii, duuba waan san dubatu
dhiisii, ergaa rabbii qeebali je'essatti

*Hukmii yookaa firdii rabbi keessatti

وَلَا تَأْخُذْكُمْ بِهِمَا رَأْفَةٌ فِي دِينِ اللَّهِ

jara sharmuuxummaa dalageef ,nayuun,
garaa laafun isin hin qabin, isaanii naatanii,
garafuu hin dhiisinaa, takkaa hanga Rabb-
iin itti murerree hin iri'isinaa { ra'faan}

jechuu nayu'uu jechu'uu,

*Yoo kan Rabbiifii, guyyaa borutti aman
tan taatan, nama yakkeef, garaan laafinaa,

*Hoggaa nama gumnaa godhe yookaa hoj-
jate dardara takkaa dubra garafatan, bakka
san haa dhufu, achitti haa argamuu,

2} *Namni mu'minaa hedduun kan nama
sadiyii yookaa afurii ol gayu ..

*Dhiirti gumnooyte dhalaa gumnaa akka
isaa malee hin fuutu,

*Takkaa dhalaa kaafiraa malee hin fuutu

*Dhalaa sharmuuxa, dhiira sharmuuxa akka
isi'ii malee namni biraa isii hin fuudhu

*Takkaa kaafira malee isii hin fuudhu ,na-
muu akka wal fakkaatun wal khajeelaa

3} *Dhalaa shannuuxaa fuudhun, mu`min-

arratti dhoowwame, zinaan takkaa dhalaa sharmuuxaa fuudhun takkaa itti he-
erumuun, ammallee kaafirtittii yahuuda'aafii, nasgaaraa hin tayin fuudhun dho-
owwama godhame, waan badiin guddoon keessa jirtuuf, wanni dirqama taye,
mu'minni intala gurra ifii eeydu takkaa gurbaa gu rra ifii eegu fuudhuu, tak-kaa
heerumu, nabi Muhammad akki je'e; bakka ilmoo irraa hortan filadhaa hiddi
qaamaa wal hataa, haa tayuu shannu uxa yon fuudhan nikaahgni fayy-uma
taya. waan Rabbiin {wa'ankihguu al'ayaamaa minkum} je'eef makgnaan isaa
dhalaa islaamaa fuudhaa je chu'uu, ayaamaa jechuu dhalaa jaarsan qa-bne,
takkaa isa jaartii hin qab ne sun dhalaa sharmuuxaa tanjaarsan qabne ni
qabataa.

*Warra dhalaa xaliilan sharmuuxa je'ee

*Kan waanje'an sanirratti raga afur hin

dhaabin yookaan hin fidin, warra meeshaa dhiiraa meeshaa dhala'aa ke essatti
arge afur kan jarri afranuu akkaataa isaan itti wal godhan arguu keessatti wal
gaxxaman hin fidin sanuu warra ija jaalalaatin hin laalle .

*Jara san adda addaan garafaa,

*Garaffii saddeettama saddeettama,

*lara san shahaadaa {ragaa} isaanii abad-
uma hin qeebalinaa ,

إِنْ كُنْتُمْ تَوْمِنُونَ بِاللَّهِ وَالْيَوْمِ الْآخِرِ

وَلْيَشْهَدْ عَذَابُهُمَا

طَائِفَةٌ مِنَ الْمُؤْمِنِينَ

الزَّانِي لَا يَنْكِحُ إِلَّا زَانِيَةً

أَوْ مُشْرِكَةً

وَالزَّانِيَةُ لَا يَنْكِحُهَا إِلَّا زَانٍ

أَوْ مُشْرِكٌ

وَحَرِّمَ ذَلِكَ عَلَى الْمُؤْمِنِينَ

وَالَّذِينَ يَزْمُونَ الْمُحْصَنَاتِ

ثُمَّ لَمْ يَأْتُوا بِأَرْبَعَةِ شُهَدَاءَ

فَاجْلِدُوهُنَّ

ثَمَانِينَ جَلْدَةً

وَلَا تَقْبَلُوا لَهُنَّ شَهَادَةً أَبَدًا

4} *Isaan sun, warra kara'arraa baye ,waan dilii guddoo dalaganiif yon wahirratti raga bayan ragaa isaanii hin qeebalinaa.

وَأُولَٰئِكَ هُمُ الْفَاسِقُونَ ﴿٤﴾

*Warra jara sanirraa towbate malee,

إِلَّا الَّذِينَ تَابُوا مِنْ بَعْدِ ذَٰلِكَ

*Kanneen dalagaa isaanii tolchan,

وَأَصْلَحُوا

*Rabbiin arraba isaan nama arrabsan isaanifaraarama eega gorfamanii,

فَإِنَّ اللَّهَ غَفُورٌ

5} *Towbaa isaan yaadachiisu`uun rahg-

رَحِيمٌ ﴿٥﴾

mata isaanii godha ,duuba towbaa tanaan faasiqummaan isaanii, tan shahaadaa isaanii qeebaluu dhoowwite dhumtee, shahaadan isaanii eegasii ni qeebalamti, waan {warra towbate malee jechaan} qur'aanii dubbate shahaadaa isaanii hin qeebalinaa, warra towbate malee, isaan faasiqo otaa, warra faasiqootarraa towbata mallee, jechaa taatef jecha,namni gar iin shahaadan yookaa ragaan nama sharmuuxa je'ee nama arrabsee, abaduma hin qeebalamtu je'a,waan Rabbiin {abadan} je'eef,ammoo {warra towbate malee} jechuun dubbii boodatiif deebitii , makgnaan isaa : jarri sun faasiqa, warra towbate malee jechu'u, shahaadaa jara sanii hin qeebalinaa warra towbate malee jechu'uu mitii, haa tayuu yaanni duraa kan imaam a maalikiifii shaafikgiidhati, kan booda kan imaama abuu hganiifa'aati, haa tayuu towban garaaffii hin kuffiftuu irratti walii galan .

*Warri beera ifii gumnumma'aan arrabsu

وَالَّذِينَ يَزْمُونَ أَرْوَاحَهُمْ

*Kan waan je'anirratti ragaa hin qabne,

وَلَمْ يَكُنْ لَهُمْ شُهَدَاءُ

*Lubbuu isaanii malee.kan akka isiin zinaa yookaa gumnaa dalayde jaarsarnalee namni biraa hin argin ,

إِلَّا أَنْفُسُهُمْ

*Ragaan tokkoo isaanii, yakka jalaa bayu'uuf takkaa garaaffii jalaa bayu'uuf

فَشَهَادَةُ أَحَدِهِمْ

*Hoggaa afur Rabbiin khakhatuu,

أَرْبَعُ شَهَادَاتٍ بِاللَّهِ

6} *Wallaahi an waanin jaartii tiyyaan je'e keessatti nama dhugaa dubbatu, ilmoon tun tiyyaa mitii, hoggaa afur akkana je'ee khakhatuu.

إِنَّهُ، لَمِنَ الصَّادِقِينَ ﴿٦﴾

*Shanneessoo,

وَالْخَمْسَةَ

7} *Yoon kijiba isi'irraa kaaye ,abaarsi Rabbi isarratti haa jiraatu je'a, duuba hoggaa akkasitti khakhate,yakki irraa kufe, ilmoon

أَنْ لَعَنَتَ اللَّهُ عَلَيْهِ إِنَّ كَانَ مِنَ الْكَاذِبِينَ ﴿٧﴾

sun isarraa cittee isi'irratti ya kki wajabe ni garafamti.

*Yakka nama sharmuuxummaa dalagee kan inni kakkatu'uun irratti wajabe isi'irraa deebisa,

*Hoggaa afur Rabbiin khakhatuun ,

8} *Inni waan nan arrabse keessatti warra kijiburraayi ilmi kun kan isaati jettee.

9} *Khakhuu shaneessa'aa akki jettee kha-khattu, yon namichi kun waan naan arrabse keessatti warra dhugaa dubbaturraa taye

,dallansuun Rabbii isi'irratti haa jiraattu jetti, duuba hoggaa akkanatti kha-khatte ,yakka zina'aatif garafamuun isi'irraa kufe zalaalam ii jaarsarratti hara-amoyte nikaahni isi'ii hiikkame,nafaqa'aafii, manaafii, mahrii hin qabdu .

*Odoo Rabbiin tola oolee rahgmata isinii

godhee heera khakhu'uu kana isinii kaayuu baatee, silaa hoggaa isii waan san dalaydu gartan yoo zinaa goote jettaniin ni garafamtan haa tayuu Rabbiin isin dhooysu'uuf, garaffii jalaa isin baasu'uuf heera khakhu'uu karaa godhe,

10} *Rabbiin kan nama badi'irraa deebi'e dhoysee qeebalee waan hikmaa qabu dalagu.

*Warri irra hamaa kijibaatin dhufe yookaa kijibe{itki} jechuun irra hamaa ki jibaatii , sun {kgaa'ishaa} warra nabi Muhammad-iin , zinaa dalayde jechu'uu, jarri isi'iin akkas je'an sun :

*Tuuta isinirraa taate isaan {hassaan binu thaabit, abdullaahii ibnu ubayyi mataa munaafiqaati,misxakg, hgimnaa},

*Kijiba san waan isin miidhu hin seyinaa, namni inni miidhu warruma kijibe sanii,

*Kijibni isinirraa kaayan, sun khayrii isinii

qaba,yaa warra nabii gama shaniin ,kheyrii isaanii qaba,Rabbiin kga a'ishaa qulqulleessu qur'aana dubbii isi'iitii buusee isii guddisuu, sawaaba khijiba isaanii sanirratti obsu'uu argatuu, orma mu'minaatif gorsa ta yuu,warra kijiba san kaaserraajazaa kafaluu, dubbiin tun wanni irraa ka ate giifti kgaa'ishaan nabi Muhammadiin wajji.duula tokko dheyye, duuba diina cabsaniiti as deebi'anii,

وَيَذُرُّ عَنْهَا الْعَذَابَ

أَنْ تَشْهَدَ أَرْبَعَ شَهَدَاتٍ بِاللَّهِ

إِنَّهُ لَمِنَ الْكَاذِبِينَ

وَالْخَمِيسَةَ أَنَّ غَضَبَ اللَّهِ عَلَيْهَا إِنْ كَانَ مِنَ

الصَّادِقِينَ

وَلَوْلَا فَضْلُ اللَّهِ عَلَيْكُمْ وَرَحْمَتُهُ

وَأَنَّ اللَّهَ تَوَّابٌ حَكِيمٌ

إِنَّ الَّذِينَ جَاءُوا بِآيَاتِكِ

عَصِيَّةً مِنْكُمْ

لَا تَحْسَبُوهُ شَرًّا لَكُمْ

بَلْ هُوَ خَيْرٌ لَكُمْ

bakka takka halkan gam a duraa quba tan, duuba gifti kgaa'ishaan goojjoo isiin keessa teessu tan hoggaa deeman gaalli deemun keessaa baateti gad taa'uudhaa jecha, bakka ashkarri qubaturraa fagaattee haajaa baatee hoggaa as deebitu, calleen haati gaaf isiin heerumtu isi'ii kennite duraa cittee ifirraa dhabdee, bakka dheyxe sanitti deebitee. barbaadu'utti seente, duuba hoggaa barbaaddee argattee , bakka ashkarratti deebitu, wanni agarta, ashkara fe'atee dabre, goojjuu isi'iitis gaalarraa kaayanii, waan keessa jirtii seyaniif, waan yeroon halk an taatef, gaa-fas dhalaan hedduu hin nyaatuu haffalli'ii, duuba hoggaa namni hundi dabruu gartu, ashkarri yoo na dhabe, deebi' eeti na barbaada jettee, bakkuma duraanii teesse, kun waan aylii guddoo qabaatuu isi'ii nu garsiisuu, maalif odoo achii deemtee barbaanni hin arguu, duuba ashka rarraa namni tokko kan waan ashkararraa hafe, takkaayuu bu'e, tooyatu, kan nabi Muhammad kanatti maddabe ,kan {sgafwaan} je'amu wanni arge waan gurraachomu, duuba hoggaa laalu kgaa'ishaa tayuu arge isii raftu, hoggaa san qooqa 01 fuudhee: {innaa lillaahi wa innaa ilayhi raajikg uun} je'e duuba qooqa isaatin dammayxee fuula hagoggattee gaala ciifsefii, harka gaalarra dhaabbatee akkan kaaneef, duuba yaabbattee kharaa ashkarri dabre deema'aa bakka ashkarri qubate waytii orra'aa gayan ,hoggaa san ormi munaafikaatifii ormi biralleen kgaa'isha'aafii na micha isii fide san gumnumma'aan, dareeman, yookaa waan hamtuu dalagu'uuf haftee je'anii, duubbii tana biyya keessa facaasan, haa tayuu isiin hin beyne, hanga baatii takka dhukkubsattee fayyitetti, duuba isii amma fayyitetti himan, hoggaa dhageessu akkamitti kijiba fokkataa kana narra kaayan, anaa qulqulluu jettee, booya likiin qabne, boochee, abbaa isi'iitifii haadha isi'ii ziyaaruu nabiirra barbaaddee, iznii godheefii mana isaanii dheyxe, dubbii hubatu'uu jecha, achitti dhibdiin itti deebitee, booyinsi tiruu isi'ii dhoosuu gaye, tana jidduu nabi Muhammad nama kgaa'ishaa akkaan beeku kan akka {usaama'aa} tan akka khaadimtitti isi'ii {bariira'aa} faa yaamee, yoo waan hamtuu irraa agartan naa himaa, yoo irraa agartan nan hiikkaa je'een, jennaan hundi isaanii, waa takka waan hamtuu irraa agarre je'an, khaadimtittiin isi'ii akki jette: an waa takka waan gurra isi'ii cabsu hin agarre, wanni isiin qabdu odoo qo oshaa daytuu raftee wanni akka re'eefii lukku'uu dhiiftee nyaatti..duuba nabi Muhammad, akka isiin kijiba munaafiqni oofu sanirraa qulqulluu taate hubatee asaabaa walitti qabee akki je'een: nama warra khiyyaa waan hin qabneen arrabsu, kan naman qulqulummaa isaa beekhu. kan naan wajji malee, mana khiyyan seenerra, kijiba kaaye, eenyutu narraa dhowwa je'a, jennaan waan ati nuun jettu dalayna je'an. tana jidduu nabi Muhammad kgaa'ishaa mana abbaa isi'ii jirtu dhaqee, ziyaaree, akki je'een : yaa kgaa'ishaa, yoo waan sirra kaayan kanarraa qulqulluu taate, Rabbiin si qulqulleessuun ooluu, yoommoo waa ifitti beyte, towbadhu, nama towbateef Rabbiin ni araaramaa, jennaanin wanni jetteen: yaa ergamaa Rabbii, waan namni je'u dhageessanii, yoon an qulqulluu jete, akkan an qulqulluu taye, Rabbiin ni beekhaa, nan hugu'oomsitan, yoo waanin hin

dalagin, dalage je'e, akkan an hin dalagin Rabbiin ni beekhaa na dhugu'oorm-sitan, an waanin je'u hin qabu, waan abbaan yuusuf nabi yakg quub je'e malee, wannin je'u: yaa Rabbi obsa naa kenni, kanin gaga rsifadhuun sumaa jette .. duuba Rabbiin qur'aana nabi Muhammadirratti buusee, akka kgaa'ishaan waan kijibaa sanerraa, qulqulluu taate addee ssee, ibsee, murtii {yakka} ormi dubbii kijibaa san oofe qabu dubbatee akki je'e : nabi Muhammad kgaa'ishaa mana abbaa isi'ii jirtu dhaqee, ziyaaree,

*Nama kgaa'ishaa arrabse san hundaaf,

لِكُلِّ أَمْرٍ مِنْهُمْ

* Jazaa dilii isaan dalaganiitu jira,

مَا أَكْتَسَبَ مِنَ الْإِثْمِ

*Namichi irra guddaa kijiba sanii kgaash-a'arraa kaaye, kan durajalqabee, nama ke-essa facaase, {abdullaahii ilma ubayyii ilma saluul} mataa munaafikaatii,

وَالَّذِي تَوَلَّى كِبْرَهُ مِنْهُمْ

11} *Azaaba gudda'aatu isaaf jira, sun aza-

لَهُ عَذَابٌ عَظِيمٌ ۝

aba ibidda kan aakhira'aatii ,namni addunya'arratti xiqqaatee , aakhi ra'atti n nuti uffasaan} garafameeti, harki isaa eega dulloome laamshaye, akkasuma {mis xakg} garafameeti, eega dulloome ija dhabe, akkanatti jazaa dilii isaanii mudatan.

*Maalif hoggaa kijiba kgaa'isharra kaay-ame san dhageessan,

لَوْلَا إِذْ سَمِعْتُمُوهُ

*Ormi mu'minaa siyuu oole

ظَنَّ الْمُؤْمِنُونَ وَالْمُؤْمِنَاتُ

*Maalif kheyrii lubbuu isaanitiin seyuu oolanii jarjaranii {aa'ishaan} waan hamtuu dalaydee yaadan takkaayuu seyan, mu'minni waan dhagaye odoo hin hubanne hin fudhatuu,

بِأَنْفُسِهِمْ خَيْرًا

12} *Maalifwanni isi'irra kaayan kun kijiba mul'ataa hinje'in?

وَقَالُوا هَذَا إِفْكٌ مُّبِينٌ ۝

*Maalif ragaa nama afur irratti hin fidin,

لَوْلَا جَاءُوا عَلَيْهِ بِأَرْبَعَةِ شُهَدَاءَ

*Duuba waan ragaa irratti hin fidiniif,

فَإِذْ لَمْ يَأْتُوا بِالشُّهَدَاءِ

13} *Rabbi biratti isaanuma kijiboonni.

فَأُولَئِكَ عِنْدَ اللَّهِ هُمُ الْكَاذِبُونَ ۝

*Odoo Rabbiin tola isinii oolee rahgmata isinii godhuu baatee,

لَوْلَا فَضَّلَ اللَّهُ عَلَيْكُمْ وَرَحْمَتَهُ

* Addunya'aafii aakhira'atti

فِي الدُّنْيَا وَالْآخِرَةِ

*Silaa sababaa waan isin itti seentanii saniif
isin tuqa
14} *Azaabni aakhira'aa guddaa isin tuqa

لَسْتُمْ فِي مَا أَفَضْتُمْ فِيهِ

عَذَابٍ عَظِيمٍ ﴿١٤﴾

*Hoggaa isin dubbii san wal keessa ooftan,
takkaa dubbattan, arraba keessaniin

إِذْ تَقَوُّنَهُ، بِالسِّنْتِكُمْ

*Kan afaan keessaniin waan hin beyne jettan,
kan waan qalbi'ii hin yaanni, kan qulqullummaa isi'ii beytan, isuma arrabsu'uu jecha jettan,

وَتَقُولُونَ بِأَفْوَاهِكُمْ مَا لَيْسَ لَكُمْ بِهِ عِلْمٌ

*Wanni isin jettan sun, waan laaftuu dilii guddoo hin qabne seetan ,

وَتَحْسِبُونَهُ هَيِّنًا

15} *Ammoo inni Rabbi biratti dilii guddoo

وَهُوَ عِنْدَ اللَّهِ عَظِيمٌ ﴿١٥﴾

* Maalif hoggaa waan san dhageessan

وَلَوْلَا إِذْ سَمِعْتُمُوهُ

*Waan kana kgaa'ishaan je'uun, nuuf hin tayu hin je'inaa,

قُلْتُمْ مَا يَكُونُ لَنَا أَنْ نَتَكَلَّمَ بِهَذَا

16} *Yaa Rabbi qulqullummaan teetii wanni aa'ishaan je'an kun, kijiba guddaa, maalifhin je'inaa.

سُبْحَانَكَ هَذَا بُهْتَنٌ عَظِيمٌ ﴿١٦﴾

*Rabbiin isin dhoowwa isin gorsa,

يَعْظُمُ اللَّهُ

*Waan akkasitti deebi'urraa isin dhowwa waanaddunyaa tanarrajirtaniin

أَنْ تَعُودُوا لِلْمِثْلِهِ بَدَأَ

17} *Yoo kan dhuga'aan amantan taatan ni gorfamtanii ittin deebitan.

إِنْ كُنْتُمْ مُؤْمِنِينَ ﴿١٧﴾

*Rabbiin shari'aa isiniif ibsa waan irraa isin dhowwufii, waan itti isin ajaju keessatti ,

وَيَسِّرِ اللَّهُ لَكُمْ الْأَيْتِ

*Rabbiin waan itti ajajuufii waan irraa dhoowwu beekaa,

وَاللَّهُ عَلِيمٌ

18} *Rabbiin kan waan irraa dhoowwifii, waan itti ajaju keessatti hikmaa qabu.

حَكِيمٌ ﴿١٨﴾

*Warri jaalatu,

إِنَّ الَّذِينَ يُحِبُّونَ

*Oduu gumnumma'aa arrabaan odeesu'uun,

أَنْ تَشِيعَ الْفَاحِشَةُ

*Warra amane keessa, isaan {aa'isha'aa fii} {safwaanii, isaantu zinaa godhe je'anii warri akkas je'e: jara afurii,

فِي الَّذِينَ ءَامَنُوا

*Qixaaxa isaan laalessuutu addunya'arr atti isiniif jira, sun saddeettama garafam u'uu duubajarri sadii isinirra garafame,

لَهُمْ عَذَابٌ أَلِيمٌ فِي الدُّنْيَا

* Ammallee azaaba aakhira' aa kan isaan laalessuutu isiniifjira,warri aakhira'atti qixa-axamu mataa unafiqaa kan abdullaahi ilma ubayyii ilma saluul je'amu, waan jarri kun akkaan towbateef jecha,

وَالْآخِرَةِ

*Rabbiin akka jarri isin arrabsitan sun waan isin arrabsitaniin sanirraa qulqulluu tayan ni beeka,

وَاللَّهُ يَعْلَمُ

19} * Ammoo isin yaa warra isaan arrabsu , hin beytan akka isaan qulqulluu tayan.

وَأَنْتُمْ لَا تَعْلَمُونَ ﴿١٩﴾

*Odoo Rabbiin tola isinii oolee rahgmata isinii godhuu baatee,

وَلَوْلَا فَضْلُ اللَّهِ عَلَيْكُمْ وَرَحْمَتُهُ

20} *Odoo Rabbiin kan namaa nayu kan rahgmata namaa godhu tayuu baatee silaa azaaba daddafee isinitti buusa.

وَأَنَّ اللَّهَ رَءُوفٌ رَحِيمٌ ﴿٢٠﴾

*Yaa warra Rabbitti amane

يَا أَيُّهَا الَّذِينَ آمَنُوا

*Karaa sheyxaanaa hin deeminaa, waan inni isinitti bareeche hin dalaginaa,

لَا تَتَّبِعُوا خُطُوَاتِ الشَّيْطَانِ

*Narnni tarkaanfii sheyxaanaa jala deerne, badee beekhaa maalif,

وَمَنْ يَتَّبِعْ خُطُوَاتِ الشَّيْطَانِ

*Sheyxaanni waan hamtuu dalagu'utti isa ajaja,

فَإِنَّهُ يَأْمُرُ بِالْفَحْشَاءِ

*Ammallee waan shari'aan diddu dalagu'utti isa kaasa ,

وَالْمُنْكَرِ

*Odoo Rabbiin tola oolee, isinii rahgmata baatee,

وَلَوْلَا فَضْلُ اللَّهِ عَلَيْكُمْ وَرَحْمَتُهُ

*Silaa nam tokkolleen isin warra kijiba aa'isha'arra kaayerraa abaduma najaa hin bayu, dilii waan je'anirraa hin xahaaramu,

مَا زَكَّيْكُمْ مِنْ أَحَدٍ أَبَدًا

*Haa tayuu Rabbiin abbaa fedhe towbaa qunnamsiisee, dili'irraa qulqulleessa,akka jara afran san, nama tokko malee towbaa kenneefii, dilii kijibaa sanirraa xahaarse,

وَلَكِنَّ اللَّهَ يُزَكِّي مَنْ يَشَاءُ

21} *Rabbiin kan waa je'arnu dhagayu, kan waa hunda beekhu.

وَاللَّهُ سَمِيعٌ عَلِيمٌ ﴿٢١﴾

*Hin kakhatin,

وَلَا يَأْتَلِ

*Warri diin qabu, kan beekkomsa qabu,

أُولُو الْفَضْلِ مِنْكُمْ

*Kan Rabbiin itti bal'ise, asaabaa nabirraa,

وَالسَّعَةِ

*Waa kennuu dhabu'urratti hin kakatin,

أَنْ يُؤْتُوا

*Fira, yookaa aanaa ifiitif,

أُولَى الْقُرْبَى

* Ammallee nama waan qabneef.

وَالْمَسْكِينِ

*Warra Rabbiije'ee, matiinaatti godaanef ,

وَالْمُهْجِرِينَ فِي سَبِيلِ اللَّهِ

hin kenninu jettanii hin khakhatinaa, wanni Rabbiin dubbii tana fideef: asaab abuu bakriitu, gurbaa rahgima, yookaa fira isaa, kan makkarraa matiina'atti godaane, kan waan qabne, kan qallabuu ture, kan {masxakg} je'amu, inni kga'ishaa abuu bakrii arrabsinaan, hin qallabu je'ee, kha khate akkasuma namni biralleen asaaba nabirra, nama warra nabii tuqe hin qallabnu je'ee kakate, duuba Rabbiin akki je'e

*Dhiifamaa haa godhaniifii ,

وَلْيَعْفُوا

*Haa irraa gara galanii, irraanfatanii,

وَلْيَصْفَحُوا

*Si Rabbiin dilii isinii araaramuu hin jaalattanii?,

أَلَا تُحِبُّونَ أَنْ يَغْفِرَ اللَّهُ لَكُمْ

22} *Rabbiin kan dilii amaafaraaramuu kan

وَاللَّهُ غَفُورٌ رَحِيمٌ

warra amaneeff rahgmata godhuu, duuba {abuu bakri } akki je'e : yaa Rabbi ati naa araaramuu nan jaaladha je'ee, duuba akkasitti namichi fira isaa saniif waan duraan kennu, kennuu eegale, yakka khakhu'uu baasee

*Warri dhalaa xaliila arrabsu,

إِنَّ الَّذِينَ يَرْمُونَ الْمُحْصَنَاتِ

*Dhalaa waan hamtuu quban qabne, tan ibaadaa Rabbi malee waan hamtuu dalag-uun, qalbii isi'ii keessan yaane,

الْغَفْلَاتِ

*Tan Rabbiifii ergamaa isaa dhugo'o-omsite.

الْمُؤْمِنَاتِ

* Addunya'aafii aakhira'atti abaaraman yoo hin towbatin takkaa badii sanirraa hin de-ebi'in,

لِيُنْفِىَ الدُّنْيَا وَالْآخِرَةَ

23} *Azaaba gudda'aatu isaanif qophaaye.

وَلَهُمْ عَذَابٌ عَظِيمٌ

*Guyyaa arrabni isaanii ragaa isaanitti bayu,

يَوْمَ تَشْهَدُ عَلَيْهِمْ أَلْسِنَتُهُمْ

*Ammallee harkaafii miilli isaanii,

وَأَيْدِيهِمْ وَأَرْجُلُهُمْ

24} *Waan isaan dalaganiin, sun guyyaa qiyaama'aatii

بِمَا كَانُوا يَعْمَلُونَ ﴿٢٤﴾

*Guyyaa qiyaama'aa san,

يَوْمَئِذٍ

*Rabbiin isaanif galcha, guuta ,

يُوفِيهِمُ اللَّهُ

* Jazaa isaan haqa godhatan .

دِينَهُمُ الْحَقَّ

25} *Gaafas ni beekan, akka Rabbiin haqa mul'ataa taye, akka Rabbiin haqaan firdii godhu ni beekhan.

وَيَعْلَمُونَ أَنَّ اللَّهَ هُوَ الْحَقُّ الْمُبِينُ ﴿٢٥﴾

*Wanni hamtuun, namaafii jecharraa kan nama bada'aati

الْخَبِيثَاتُ لِلْخَبِيثِينَ

*Namni badaan kan waan baddu'uuti,

وَالْخَبِيثُونَ لِلْخَبِيثَاتِ

*Wanni gaarin namaafii jecharraa,

وَالطَّيِّبَاتُ

*Tan nama gaari'iiti,

لِلطَّيِّبِينَ

*Namni gaarin jechaafii dhiirarraa,

وَالطَّيِّبُونَ

*Kan waan gaari'iiti dhalaaafii jecharraa, wanni gaarin waan gaari'iin malti akkuma wanni hamtuun waan hamtu'uun maltu,

لِلطَّيِّبَاتِ

*Warri gaggaarin sun, kan akka giifti aa'isha'aafii {sgafwaanii},

أُولَئِكَ

*Isaan waan warri badaan sun isaanin je'urraa qulqullu',

مُبرءُونَ مِمَّا يَقُولُونَ

*Warra gaarii saniif araarama Rabbiitu jira,

لَهُمْ مَغْفِرَةٌ

26} * Ammallee rizqii gaari'iitu jannata

وَرِزْقٌ كَرِيمٌ ﴿٢٦﴾

keessa isaanif jira, giifti kgaaf'ishaan waa heddu'uun dhaaddatte: sanirraa nabi Muhammad dubra isii malee hin fuune, jibriil suuraa isi'ii fideeti nabi Muhammad garsiisee isiin tun jaartii teetii je'een, ammas nabi Muh ammad mana isi'itti du'ee mana isi'itti awwaalame, ammas qulqullumm aan isi'ii sami'ii bu-ute, uumaa gaarii uumamtee, araaramaafii rizqiin isi' iif qopheetfamte, isiin intala {abuu bakrissidiiq} khaliifa rasuula Rabbitti

*Yaa warra Rabbitti amane,

يَا أَيُّهَا الَّذِينَ آمَنُوا

*Mana mana keessan hin tayin hin seeninaa,

لَا تَدْخُلُوا بُيُوتًا غَيْرَ بُيُوتِكُمْ

*Hanga eehama gaaffattanitti

حَتَّى تَسْتَأْذِنُوا

*Hanga warra manatti salaammattanitti ho-

وَتُسَلِّمُوا عَلَى أَهْلِهَا

oy warrana bultee,yookaa ooltee,nan seenaa, takkaa {assalaam kgalaykum} seenuu je'ee ... yoo dura warra manaa arge salaamtaaa dursa, yoo kaan iznii barbaadee eega jalaa owwaatanii irratti salaammata, hoggaa sadii iznii barbaada sadeen ta duraatifii ta itti aantu jidduu waa xiqqo cal'isa, hanga yoo warri manaa yoo waa dalagu'utti jiraate irraa raaw'atu takka, hoggaa iznii barbaadu, qajeelee suduuda kul'aatin hin dhaabbatuu, gama mirgaa takkaa gama bita'aati dhaabbata,

*Izniidhaa mana namaa seenu'uutu iznii malee seenu'urraa isiniif caala, maalif, warri manaa haala namni isaan arguu hin feenerratti jiraatu'uutu malaa ,

ذَلِكَ خَيْرٌ لَّكُمْ

27} *Wanni akkanaa isiniin jenneef: akka nuuf irra caalaa beytanii itti dalaydaniifi

لَعَلَّكُمْ تَذَكَّرُونَ ﴿٢٧﴾

*Yoo mana seenuu iznii barbaaddan san keessatti nama iznii isinii godhuu dandayu hin argin

فَإِنْ لَّمْ تَجِدُوا فِيهَا أَحَدًا

*Hin seeninaa hanga izniin isinii godhamtutti namni iznii namaa godhuu dandayu dhufee,

فَلَا تَدْخُلُوهَا حَتَّى يُؤْذَنَ لَكُمْ

*Yoo eega iznii barbaaddanii, booda deebi'aa isiniin je'ame,

وَأِنْ قِيلَ لَكُمْ ارْجِعُوا

*If duuba deebi'aa ,

فَارْجِعُوا

*Deebi'uudhatu irra isinii caala hula'arra ta'a'urra ,takkaa kan abbaan seenuu hin feene, seenu'urra,

هُوَ أَزْكَى لَكُمْ

28} *Rabbiin waan isin dalaydan, izniidhan mana namaa seenu'uufii iznii malee seenuu keessan hundi beekhaa irraa isin gaafata .

وَاللَّهُ يَمَّا تَعْمَلُونَ عَلَيْهِمْ ﴿٢٨﴾

*Dilii isinittin tayu,

لَيْسَ عَلَيْكُمْ جُنَاحٌ

*Mana warri tokko yookaa namni tokko qofti keessa galu'uuf hin godhamin kan akka huteelaa, dukkaanaa, izni'iin mal e'tti

أَنْ تَدْخُلُوا بُيُوتًا غَيْرَ مَسْكُونَةٍ

seenun dili'ii miti,

*Kan mana san keessa faaydan teessan jirtu kan akka mana keessummaan bu lu'uuf, kan akka hare hara baaftu'uuf, takkaa meeshaa kaayatu'uuf, namuu seenu,

*Rabbiin waan isin mul'ifataniifii,

29} *Waan isin dhoositan mara beekha

,waan hoggaa mana namaa seentan gara'aa qabdan, yaada hamaa tayuu, ya-ada gaarii tayuu, addaan beekha, hoggaa mana ifii seenan ifirratti sa laam-matuun ni barbaadamaan nuuf dhufu'uu jiraata .

*Mu'minaan akki jettu: ija teessan waan laalun hin geenyerraa gad qabadhaa ,

*Farjii yookaa meeshaa dhiiraa waan go-dhuun hin geenyerraa eegaaje'iin,

*Ijaa gad qabatanii, miya dhiiraa waan haraamirraa eegu'uutu,irra isaanii caalaa, 30} *Rabbiin waan isin ijaafii, farji'iin dalaydan ni beekha jazaa isaanii galcha, kan gaarii dalageef gaarii kennee, kaanif hamtuu kennee.

*Dhalaa mu'minaatin akki jettu ija teessan waan laalun haraamirraa gad qaba dhaa ji'iin ,

*Qaawa yookaa meeshaa dhalaa waan itti dalaguun haraamirraa haa if eeganii,

*Dhalaan mu'minaa faaya uffattu hin mul'isin faaya dhokhatu bakka isaa hin mul'isin,

*Waan fuulafii shanacha harka lamaanii malee jim duuba waan isaan lamaan malee jiru namatti mul'isuu dhabuu, akka ilmi abbaas je'etti

*Waan mata'arra kaayattu qaaman geessee haa darbattuu akka mormaafii lapheen hin mul'anne,

*Faaya isi'ii dhokhataa hin mul'isin,

فِيهَا مَنَعُكُمْ

وَاللَّهُ يَعْلَمُ مَا تُبْدُونَ

وَمَا تَكْتُمُونَ ﴿٢٩﴾

قُلْ لِّلْمُؤْمِنِينَ يَغُضُّوا مِنْ أَبْصَارِهِمْ

وَيَحْفَظُوا فُرُوجَهُمْ

ذَٰلِكَ أَزْكَىٰ لَهُمْ

إِنَّ اللَّهَ خَيْرٌ بِمَا يَصْنَعُونَ ﴿٣٠﴾

وَقُلْ لِّلْمُؤْمِنَاتِ يَغْضُضْنَ مِنْ أَبْصَارِهِنَّ

وَيَحْفَظْنَ فُرُوجَهُنَّ

وَلَا يَبْدِينَ زِينَتَهُنَّ

إِلَّا مَا ظَهَرَ مِنْهَا

وَلِيَضْرِبْنَ بِخُمُرِهِنَّ عَلَىٰ جُيُوبِهِنَّ

وَلَا يَبْدِينَ زِينَتَهُنَّ

*Yoo jaarsa isi'itti mul'ifte malee, jaarsi
waan fedhe jaartii isarraa arguu qabaa, ba-
kka saalaa laalun odoo jibbarnalle'ee,
*Takkaa yoo abbaa isi'itti mul'ifte malee

إِلَّا لِبُعُولَتِهِنَّ

*Takkaa abbootii jaarsa isi'ii malee,

أَوْ آبَائِهِنَّ
أَوْ آبَاءَ بُعُولَتِهِنَّ

*Takkaa ilmaan isi'itti malee,

أَوْ أَبْنَائِهِنَّ

*Takkaa ilmaan jaarsa isi'ii malee,

أَوْ أَبْنَاءَ بُعُولَتِهِنَّ

*Takkaa obboleeyyan isi'ii,

أَوْ إِخْوَانِهِنَّ

*Takkaa ilmaan obboleeyyan isi'ii,

أَوْ بَنِي إِخْوَانِهِنَّ

*Takkaa ilmaan obboleewwanii.

أَوْ بَنِي أَخَوَاتِهِنَّ

*Takkaa beera isi'ii, akkana jechuun beera
islaamaajechuu.

أَوْ نِسَائِهِنَّ

*Takkaa waan mirgi isaanii handhureeffate

أَوْ مَا مَلَكَتْ أَيْمَانُهُنَّ

malee, gabrichi isaanii ammallee gabritti isaanii jechu'uu, jarri dub banne hu-
ndi qaama dhala'arraa waan handhuraafii jilba jidduu jiru ma lee waan kaan
arguu ni qaban, ammoo wanni jilbaafii handhura jidduu jiru jaarsa malee
namni biraa laalun hin gayu,

*Takkaa warra nama khaddamu malee,

أَوْ النَّسَبِ غَيْرِ أُولَى الْأَرْبَةِ مِنَ الرِّجَالِ

maaf deemuu malee, sun akka nama meeshan isaa hin kaaneti, kan akka jaarsa
dulloomee dhumeeti, takkaa gowwaa dachi'iifii samii, dhiirafii dhalaa addaan
hin beyneti, namni akkanaa kun waan jilbaafii handhura jidduu jiru malee
waan kaan laaluu ni qaba, shahwa'aan male'etti ,

*Takkaa yoo joollee taate malee

أَوْ الطِّفْلِ

* Joollee fedhii dhala'aa hin geyin xixiqqoo
waan dhiirti dhala'arraa feetu hin beyne ,
isaanis dhala'arraa waan handhuraafii jilba
jidduu jiru malee waan kaan arguu ni qabdi
faaya isi'ii isaanitti mul'isuu ni qabdi ,

الَّذِينَ لَمْ يَطْهَرُوا عَلَى عَوْرَاتِ النِّسَاءِ

*Dhalaan hoggaa dhiira bira dabru miila
isi'iitin dachii hin dhiitin,

وَلَا يَضْرِبْنَ بِأَرْجُلِهِنَّ

* Akka wanni faaya isi'irra dhoysitu , kan

لِيُعْلَمَ مَا يَخْفَيْنَ مِنْ زِينَتِهِنَّ

akka qirjaa, khilkille'ee.qooyxe isaa dhagayamee, beekkamuuf jecha wanni sa-nirraa dhowwamteef akka qalbiin dhiiraa, gara isi'ii hin jallin neefi, odoo qo-oqa dhagayuun, haraamillee tayuu baatee,

*Yaa warra Rabbitti amane gara Rabbii de-ebi'aa hundi keessan waan inni je'u dha-gayaa, waan dalagaa je'e dalaydani, waan inni dhiisaa je'e dhiisu'uun

31}*Akka jaalala Rabbii keessanii argatt-anii addunyaadhaa aakhira'atti milkoo-ytaniif.

*Intala jaarsan qabne heerumsiisaa isa jaa-

rtin qabne fuusisaa, nama jaarsa hin qabne , takkaa jaartii hin qabne, fuusisu-un, yookaa heerumsiisun yoo zinaan sodaatame takkaa nafaqa'atti haajamte waajiba, kun dubbii bilisa heerumsiisuu, takkaa itti fuudhu'uuti,

*Akkasuma warra iimaana qabu kan soda Rabbii qabu fuusisaa,

*Gabroottan keessan kan dhiirarraa,

*Ammallee gabritti teessan heerumsiisaa gabrichaafii gabritti fuusisuun takkaa heer-umsiisun yoo zinaan sodaatame waajiba,

*Warri fuudhu sun,yoo hiyyeeyyii tayan

*Rabbiin isaan duroomsaa waan dhaban

isaanif kennaa, hiyyummaan fuudharraa Ism hin dhoowwin ,fuusis u'uufii, heerumsiisu'urraa isin hin dhoowwin, nabi Muhammad akki je'e: {durummaa fuudha keessatti barbaaddadhaa}, tanaaf jecha namni hara amirraa eegga-mu'uuf fuudhe duroomuu hin oolo.

*Rabbiin kan kennaan isaa bal'oodhati,

32}*Kan haala gabroota isaa beekhu kan nama kennaa isaa haqa godhatuufii kaan addaan beekhu .

*Gumnuma'arraa haa if eeguu,

*Warri waan fuudhun dhabe beerafii joo-llee xixiqqo'orraa fagaatee soomana hedd-ommeysu'uun, waan shahwaajabeessu nya-atuu dhabu'uun,

وَتُوبُوا إِلَى اللَّهِ جَمِيعًا أَيُّهَ الْمُؤْمِنُونَ

لَعَلَّكُمْ تَفْلَحُونَ ﴿٣١﴾

وَأَنْكِحُوا الْأَيْمَىٰ مِنْكُمْ

وَالصَّالِحِينَ

مِنْ عِبَادِكُمْ

وَأِمَّاكُمْ

إِنْ يَكُونُوا فُقَرَاءَ

يُغْنِهِمُ اللَّهُ مِنْ فَضْلِهِ ۗ

وَاللَّهُ وَاسِعٌ

عَلَيْكُمْ ﴿٣٢﴾

وَلَيْسَ تَعْفَىٰ

الَّذِينَ لَا يَجِدُونَ نِكَاحًا

*Hanga Rabbiin isaan duroomsutti ,

حَتَّى يَغْنِيَهُمُ اللَّهُ مِنْ فَضْلِهِ

*Warra bilisummaa isaa hori'in bitatuu fedhu, hori'in isinii kennaa na bilisoomsaa je'ee,

وَالَّذِينَ يَبْتَغُونَ الْكِتَابَ

*Gabroottan keessanirraa,

مِمَّا مَلَكَتْ أَيْمَانُكُمْ

*Waan isaan barbaadan isaanii eehamaa waan itti walii galtan adda katabadhaa,

فَكَاتِبُوهُمْ

*Yoo kheyrii isaan keessatti beytan kheyrii

إِنْ عَلِمْتُمْ فِيهِمْ خَيْرًا

isaan keessatti beekhun: amaanaa qabaatuu isaanitiifii, dalagaa horii nan kennaa je'e saniin argamsiisu dandayu'u, akkaatan itti adda kata batan gooftichi gabrichaan kuma lama sirraa kaaye, akka baatii lama keessatti naa kennitu, baatii hunda kuma tokko, duuba hoggaa kuma lachuu naa kennite ati bilisa je'ee, gabrichi tole jechu'u,

*Isin gooftonni gabroota sanii gargaarsa kenna,

وَأَتَوْهُمْ

*Horii Rabbiin isinii kennerraa, akka dafanii waan if qabsiisan isinii kennanii, bili-sooman, yoo horii harka rratti kennu'uuf baatanii, kuma lamaan sanirraa bu'aniifis tolte, inumaa kaanaatu irra gaarii ,

مِنْ مَالِ اللَّهِ الَّذِي آتَاكُمْ

*Gabroota keessan hin dirqinaa gumnumma'atti,

وَلَا تُكْرِهُوا فَتِيَّتَكُمْ عَلَى الْإِغَاءِ

*Isii gumnuma'arraa if eeydu ,

إِنْ أَرَدْنَ تَحَصُّنًا

* Gumnumma'atti isii dirquun, horii barbaadu'uu jecha

لَتَبْتَغُوا عَرَضَ الْحَيَاةِ الدُّنْيَا

*Namni gabritti isaa sharmuuxummaa dalagutti dirqu ,

وَمَنْ يُكْرِهَنَّ

*Rabbiin eega dirqamtee dalaydee,

فَإِنَّ اللَّهَ مِنْ بَعْدِ إِكْرَاهِهِنَّ

33} *Isi'ifaraaramaa, ammallee rahgmata

عَفْوٌ رَجِيمٌ ۝ ٣٣

isi'ii godha,ammoo namicha isaan dirqi, qixaaxa hamaa qixaaxa. namni waan kana dalage kan aayanni irraa dhoowwu'uu jettee buute mataa munaafiqaa abdullaahii ilma ubayyii ilma saluuli, inni gabrittii {museykaa} je'amtuufii gabritii {umaymaa} je'arntu qabaa,isaan lamaan sharmuuxumma'atti giddee ,horii fudhata, duuba dhufaniiti nabi Mu hammaditti himatan, akkanatti nu dirqa je'anii, hoggaa san aayanni buute.

*Dhugumaan aayata qur'aanaa isinii buu-

وَلَقَدْ أَنْزَلْنَا إِلَيْكُمْ آيَاتٍ

fnee, ergamaa keenya Muhammadirratti

*Aayata waan dubbannee dabarsine addeessite, takkaa mul'attuu,

مُبَيَّنَاتٍ

*Ammallee oduu nama dinqitu buufue sun oduu aa'isha'aatii takaa waanuma fakkii taye hundaa,

وَمَثَلًا

*Oduu ajaa'ibaa tan akka oduu warra isin

مِنَ الَّذِينَ خَلَوْا مِن قَبْلِكُمْ

dura dabree fakkaattu ta akka oduu yuusufta akka oduu maryam, oduun kga-a'isha'aa oduu maryamiifii oduu yuusuf fakkaatti maalif yuusuf gumnurnma-aan arrabsanii Rabbiin mucaa xiqqaa amma dhalate dubbisee raga bayeefiisa qulqulleesse, maryamis gumnumma'aan arrabfanteeti Rabbiin ilma isi'ii {iisaa} dubbiin gayin dubbisee ragaa bayeefii qulqulleesse kga'a'ishaanis gumnumma'aan arrabfanteeti Rabbiin qur'aana buusee ifumaa ifii qulqulleesse, 34} *Ammallee gorsa warra Rabbi soda-tuti aayata qur'aanaa keessatti isinii buufne,

وَمَوْعِظَةً لِّلْمُتَّقِينَ ﴿٣٤﴾

*Rabbiin isa sami'iifii dachii ibse,adu'uufii

﴿٣٥﴾ اللَّهُ نُورُ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ

ji'aafii.urji'ii, arshi'ii, malaaykaa samii keessatti uumee, akkasuma waan ifaa tayeefii , anbiyaa,ulamaa'ii, warra gaggaarii laffaratti uumee lafa ibse, takkaa makgnaan isaa: Rabbiin kan sami'iifii dachii uumee mul'ise jechu' waan dhabamni dukkana taye argamni if a tayeef,

*Fakkeessan nuura Rabbii kan qalbii mu'minaa keessa j iru,

مِثْلُ نَوْرِ

*Akka makhtuuta miinjalee yookaa xaaq-ata yookaa qooxii goda manaa keessa jirtu keessajiruuti,

كَيْفَ تَكُونُ

*Kan makhtuuta san keessa jibriin ibiddi itti qabsiifamu jirtu,

فِيهَا مَصْبَاحٌ

*Kan jibriin ibiddi itti qabsiifame sun birillee keessa jirtu,

الْمَصْبَاحُ فِي زُجَاجَةٍ

*Kan birilleen makhtuuta gubbaa dhaabbattu, kan ifaan keessatti qabsiifame, urjii guddoo akkaan iftu tan akka lu'lu'aa fakk-aattu, qulqullummaa keessa,

الزُّجَاجَةُ كَأَنَّهَا كَوْكَبٌ دُرِّيٌّ

*Kan makhtuunni sun dhadhaa yookaa zeytiimuka barakaa qaburraa bayuun qabsiifamu,

يُوقَدُ مِنْ شَجَرَةٍ مُّبَارَكَةٍ

*Muka zeytuunaa je'amu,

زَيْتُونَةٍ

*Muka gama bayaa hin jirre kan goda,
yookaa waan biraa, kan aduun ganama itti
bayuu dhoowwu jala hin jirre ,
*Muka zeytuunaa kan gam a dhiyaa hin

لَا شَرِيَّةَ

وَلَا غَرِيَّةَ

jirre,goda faajala, kan asrii booda aduu irraa dayu.akkana jechuun.muka dirrii
keessa dhaabbatu kan aduun ganamarraa qabdee hanga galgalatti itti baatu
jechu',mukni akkanaa kun muka aduun ganama qofti takkaa galgala qofta itti
baaturra gaarii midhaaniifii zeytii yookaa dhadhalle 'een, duuba zeytii muka
kanaatin makhtuunni sun qabsiifama ,

*Zeytin muka sanii qulqullummaa keessa-
niifti odoo ibiddilleen tuquu baatee duuba
eega ibbiddi itti qabsiifamee maal haa
tayuu?,

يَكَادُ زَيْتُنَا يُضِيءُ وَلَوْ لَمْ تَمْسَسْهُ نَارٌ

*Ifa ifa'arratti ida'ame taye, nuurri ibiddaa

نُورٌ عَلَى نُورٍ

hoggaa walitti qabame birillee faa keessatti akkaan ifa, akka faan usaa faa, du-
uba Rabbiin nuura, yookaa qajeelloo isaa tan qalbii mu'minaa keessa jirtu ma-
khtuutatte fakkeesse : qumti mu'minaa akka miin jalee, yookaa xaaqata goda
manaa keessa jiruuti, qalbiin mu'minaa akka birillee makhtuuta gubbaa dhaab-
battuuti, beekkomsii mu'minaa akka zeytii makhtuutatti naqamtuuti, iimaanni
isaa akka if a qabsiifameeti duuba nuurri Rabbii iimaana qalbii mu'minaa
seensisee ifsuu ,

*Rabbiin nuura isatti ni qajeelcha diinaa
islaamatti ni qajeelcha, ni qabachiisa ,

يَهْدِي اللَّهُ لِنُورِهِ

*Nama gabroottan isarraa qajeelchuu fedhe

مَنْ يَشَاءُ

*Rabbiin fakkeessaa namaaf godha waan

وَيَضْرِبُ اللَّهُ الْأَمْثَلَ لِلنَّاسِ

qalbi'iin malee ijaan hin argamne, waan ijaan argamutti fakkeessee, akka
iimaana qalbii mu'minaa keessa jiru ifaa birillee makhtuutaa keessa jirutti fa-
kkeessetti akka dafttee dubbiin isaanii galtauuf,

35} *Rabbiin waa hunda beekhaa waa tak-
ka isarraa hin dhukhattu

وَاللَّهُ بِكُلِّ شَيْءٍ عَلِيمٌ ﴿٣٥﴾

*Mana jaaramee ,ol fuudhamee , guddifa-

فِي بُيُوتٍ أُذِنَ لِلَّهِ أَنْ تَرْفَعَ

muu isatti Rabbiin ajaje waan mul'atuun guddisuu taatu, makgna'aan gud-
disuu taatuu, akka mul'atuun guddisuun jaarmaya jabeessanii bare echanii ja-
aruu, jaarmaya gandaatin wal qixxeessanii takkaa isaa ol dabarsanii, waan fu-
kkattu hundarraa eeganii waan akka mraata'aa kan naj isarraa hin eeyne irraa
fageessanii ,urgeessanii ,keessattuu guyyaa jum kgaadhaa, manni kun ma-
sjiidaa,

*Kan isa keessatti maqaa Rabbii dubbaa-

وَيَذْكُرُ فِيهَا اسْمُهُ

batamuu zikriin isaa godhamuu salaanni salaatumuu qur'aanni isaa qara'amiiiznii gdhee ,ka hoggaa seenan { allaahumma sgalli wa sallim kgalaa Muhamme wa aalli muhammed allaahumma iftahglii abwaab rahgmatika } hoggaa bayan { allaahumma iftahglii abwaaba fadglikaa } je'an

36}*Kan masjidaa san keessatti ganamaa galgala salaatu {aasgaal} waan zuhrii boodatii .

يُسَبِّحُ لَهُ فِيهَا بِالْغُدُوِّ وَالْآصَالِ ﴿٣٦﴾

*Dhiirti mu'minaa,

رَبَّاجِلْ

*Kan biti'iifii gurgurri addunyaan zikrii Rabbirraa isaan hin dhoowwine,

لَا لَّهُمْ فِيهَا نَجْوَى وَلَا يُنَبِّئُ عَنْ ذِكْرِ اللَّهِ

*Kan addunyaan salaata waytii isi'ii keessatti salaatu, isaan hin hanqifne, takkaan dhoowwine,

وَأَقَامِ الصَّلَاةَ

*Kan zaka baafatu'urraa isaan hin dhoowwine,

وَأِيتَاءَ الزَّكَاةَ

*Guyaa jabaa tokko sodaatan ,

يَخَافُونَ يَوْمًا

*Kan guyyaa san keessa soda keessa qalbiin hollattee naja'an bayamoo nan bada jettee , warra mirgarraayin tayamoo warra bita'arraayin taya , jettee lubbuun laagaa seentu kan nuune , kan hin bane

نَنفَلِتُ فِيهِ الْقُلُوبُ

37}*Kan guyyaa san keessa rifatuu keessa namni ija babaasu, guyyaan jabaan sun guyyaa qiyaama'aatii .

وَالْأَبْصَارُ ﴿٣٧﴾

*Rabbiin waan gaarii isaan dalaganirratti galata isaanii galcha galata gaarii,

لِيَجْزِيَ اللَّهُ أَحْسَنَ مَا عَمِلُوا

*Sawaaba waan gaarii isa an dalaganii qofa isaanii kennu'urratti hin dhaabbatuu,waan biraa kan isaan ni argamnaa hin kajeellin ida'ee qananii guddoo isaanii kenna,

وَيَزِيدُهُمْ مِنْ فَضْلِهِ

38}*Rabbiin abbaa fedheef, waan fedhe

وَاللَّهُ يَرْزُقُ مَنْ يَشَاءُ بِغَيْرِ حِسَابٍ ﴿٣٨﴾

kenna likki`iin male`etti wanni rabbiin warraodoo ibaadaa rabbi godhuu soda rabbi qabukanneen si ibaaddan teenya nurraa qeebalamte moo hin qeebalamne je`ee sodaatu sawaaba ibaadaa isaanii kenneefii eegasii waan biraa hedduu kenneef , isaantu ibaadaa rabbi godhu`uun wajji soda rabbi ida`ate .

*Warri Rabbii isaanii moromee itti amanuu dide,

وَالَّذِينَ كَفَرُوا

*Dalagaan isaanii gaarin akka waan siri akka waan siribii je'amtuuti fakkaatti.kan hal-aalaa bishaan yaa'u fakkaattee hoggaa ow'I jabaate diida keessa mul'attu, {biqiikga} jechuun diida jechu,

أَعْمَلَهُمْ كَسْرَابٍ بِقِيَعَةٍ

*Kan namni dheebote bishaan seyee itti ciyu

يَحْسَبُهُ الظَّمْثَانُ مَاءً

*Hanga hoggaa bira gaye, waa takka hin

حَتَّىٰ إِذَا جَاءَهُ لَمْ يَجِدْهُ شَيْئًا

agarretti, kaafirrinis waan gaarii akka sadaqa'aa tan addunya'arratti dalagu waan aakhira'atti isa fayyaddu seyaa ammoo gaafa du'e sawaaba dalagaa isaa san waa takka hin arguu achi buutee dhaba,

*Duuba achitti Rabbii isaa argeeti ,

وَوَجَدَ اللَّهَ عِنْدَهُ

*Jazaa isaafgalcha.isa qixaaxuuuf kufrii isarratti. am moo sawaaba waan gaarii inni dalagee addunya'arratti Rabbiin isaa dabarsee ilmaanifii horii fayyaa isaa kennu'uun takkaa aakhira'atti azaaba dilii kufrii hin tayin irraa laaffisu'uun,

فَوْقَهُ حِسَابُهُ

39} *Rabbiin kan dafee waan dalagan hundarraa nama gaafatuu .fakkiin dalagaa kaafiraa takka tana.sirbii fakkaatti jechu'u

وَاللَّهُ سَرِيعُ الْحِسَابِ ﴿٣٩﴾

*Takkaa dalagaan kaafiraa hamtuun akka dukkana jabduu bahara akkaan gad fogo'oo keessatti namatti dhufteeti fakkaatti, {lujjiyyi} jechuun gad fogo'oo jechu' ,

أَوْ كُطِلْمَتْ فِي بَحْرِ لُجِّيٍّ

*Kan bahara san danbaliin hogooydu,

يَغْشَاهُ مَوْجٌ

*Kan danbalii san gubba'aan danbaliin biraa jirtu ,

مِّنْ فَوْقِهِ مَوْجٌ

*Kan danbalii lammeysa'aa gubbaa duumessi jiru, kan if a urjiidhaa isa dayu,

مِّنْ فَوْقِهِ سَحَابٌ

*Dukkana hedduu wal gubbaa jirtu,

طُلُمَتْ بَعْضُهَا فَوْقَ بَعْضٍ

*Namni waa laalu hoggaa dukkana san keessatti harka isaa gad baase, laalu'uu jecha, takkaa argu'uuuf,

إِذَا أَخْرَجَ يَكُدُّهُ

*Harka isaa argu'utti hin dhiyaatu inni

لَمْ يَكْدِرْهَا

waan akkaan isatti dhiyo'oo tayu'uun wajji.dukkanti jabaatuu keessa. Rabbiin dalagaa kaafiraa bakka lamatti goode, dalagaa gaari'iifii hamtuu, dalagaa gaarii inni dalage, sirbi'itti fakkeesse, dalagaa hamtuu inni dalage dukkanatti fakkeesse, wanni wal fakkaataniin Rabbiin dukkana saddii dubbate, dukkana bahar, dukkana danbali'ii, dukkana duumessaa, duuba kaafirri akka nama dukkana sadii ke essa jiruuti. kaafirri dukkana sadii keessa jira: dukkana yaadaa takkaa aqiida'aa, dukkana jechaa, duk kana dalaga'aa, kaafirri dukkana shan keessa gara gaggala: jechi isaa dukkana, dalagaan isaa dukkana, bakkeen seenu dukkana, bakkeen irraa bayu dukkana, bakkeen itti deemus , dukkana, guyyaa qiyaama'aati, akkanatti kaafirri ifaa dhabee dukkana keessa jira,

*Namni Rabbiin ifaa isaaf hin godhin, namni Rabbiin karaa iimaanaa isaa ibsee iimaanatti isan qajeelchin

وَمَنْ لَّا يَجْعَلِ اللَّهُ لَهُ نُورًا

40} *Ifaa karaa diinaadhaa isaa ibsu, abad-

فَمَا لَهُ مِنْ نُّورٍ

uma hin argatuu, wanni Rabbi keenya kadhannu, ifaa iimaanaa qal bii nuu seensisuu, bita'aa mirga keenya nuu ibsuu, ifaa isaa nuu gudd isuu, nabi Muhammad akkanaje'ee hoggaa hunda Rabbi isaa khadhatuu ture.

*Si hin beynee, beekkomsa hubanti'ii,

أَلَمْ تَرَ

*Akka wanni dachi'ii sami'ii keessa jiru , wanni Rabbiin uume hundi, malaaykaa tayuu, nama tayuu, jinnii tayuu, Rabbii guddaa waan isaan hin malle hundarraa qulqulleessu, hin beynee,

أَنَّ اللَّهَ يَسْخَرُ لَهُ مَنْ فِي السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ

*Wanni bararaa hoggaa guflaa{goblaa} kooluu adda banee bararu Rabbi ibaada ,

وَالطَّيْرُ صَفَّتْ

*Rabbiin akkaataa wanni hundi itti isaaf salaattu, takkaa tasbiihga gootu, beekke jira , takkaa wanni hundi akka Rabbiif itti salaattu, ammallee tasbiihga gootu beytee jirti 41} *Rabbiin waan isaan dalagan hunda ni beekha salaata isaanitiifii tasbiihga , isaanirraa, wanni isarraa dhokhatu hin jiru .

كُلٌّ قَدْ عَلِمَ صَلَاتَهُ وَتَسْبِيحَهُ

وَاللَّهُ عَلِيمٌ بِمَا يَفْعَلُونَ

*Sami'iifii dachiin, waan isaan lamaan keessa jiruun wajji ta Rabbiiti, namni isaan wajji qabu hin jiru,

وَلِلَّهِ مُلْكُ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ

42} *Wanni hundi gara Rabbiiti deebiteeti , ni gaafa tamti.

وَالِلَّهِ الْمَصِيرُ

*Si hin garree, akka Rabbiin duumessa itti oofu,

أَلَمْ تَرَ أَنَّ اللَّهَ يُزْجِي سَحَابًا

*Kan eegasii duumessa adda faca'ee jiru , walitti qabee, mura'a takka qofa godhu ,

ثُمَّ يُزَلِّفُ بَيْنَهُ،

*Kan eegasii, walirratti tuulee tuuttessu {rukaam } tuulu'uu,

ثُمَّ يُجْعَلُهُ رُكَّامًا

*Rooba ija teetin agarta,

فَتَرَى الْوَدَفَ

*Isaa qaawa duumessa sanii keessaa bayu,

يَخْرُجُ مِنْ خَلَالِهِ

*Sami'irraa ni buusa, duumessa akka gaa-raa kan samii keessa jirurraa

وَيُزَلُّ مِنَ السَّمَاءِ مِنْ جِبَالٍ فِيهَا

*Hancabbii buusa, takkaa gaara hancabi'ii kan samii keessa jirurraa hancabbii buusa,

مِنْ بَرَدٍ

*Duuba hancabbii saniin nama fedhe tuqee midhaanifii ooyru'uufii horii isaa duraa dhawee balleessa

فَيُصِيبُ بِهِ مَنْ يَشَاءُ

* Ammoo nama fedherraa balaa han cab-bi'ii ni qaba ,

وَيَصْرِفُهُ عَنِ مَنْ يَشَاءُ

*Ni dhiyaata,

يَكَادُ

*Ifni hangaasuu isaa,

سَنَابِرَاقِهِ

43} *Ija nama butu'uu, yookaa ifaa ijaa deemsisee, ija nama baysu'uu dhiyaata, waan ifaan guddaan ifaa xiqqaa deemsisu'uuf.

يَذْهَبُ بِالْأَبْصَرِ ﴿٤٣﴾

*Rabbiin isaatu halkaniifii guyyaa akka fedhetti oofa yookaa gara gaggalcha. Kana deemsisee kaan fidee, kana guutee kaan ir'isee,

يَقْلِبُ اللَّهُ اللَّيْلَ وَالنَّهَارَ

* Akkanatti halkanii guyyaa oofuu keessa, akkasitti rooba roobsuu keessa

إِنَّ فِي ذَلِكَ

*Gorsaatu jira, waan Rabbi dhugo'oornsu'utti qajeelchutujira,

لَعِبْرَةٍ

44} *Warra ija qalbi'iitin waa laaluf.

لِأُولَى الْأَبْصَرِ ﴿٤٤﴾

*Rabbiin waan lafarra yaa'u mara bishaan-irraa uume, bishaan dhiira dhala'arraa uume , bishaanuma tokkicha kanarraa gosa waan lubbuu qabuu tan adda addaa uume,

وَاللَّهُ خَلَقَ كُلَّ دَابَّةٍ مِنْ مَّاءٍ

*Duuba waan bishaan tokkicha sanirraa uumamerra, waan gara'aan lafarra deemutu jira, kan akka bofaa,

فَمِنْهُمْ مَنْ يَمْشِي عَلَى بَطْنِهِ

*Isaanirraa waan miila lamaan deemutu jira, kan akka namaa waan bararuu,

وَمِنْهُمْ مَنْ يَمْشِي عَلَى رِجْلَيْنِ

*Isaanirraa waan miila afuriin deemutu jira , kan akka beylada'aa, bineensaa akkuma wanni miila afurii oliin deemtu ji rtu kan akka haqanqarreessaa,

وَمِنْهُمْ مَنْ يَمْشِي عَلَى أَرْبَعٍ

*Rabbiin waan fedhe uuma, namni hanga waan inni uumee beekhu hinjiru

يَخْلُقُ اللَّهُ مَا يَشَاءُ

45} *Rabbiin waan fedhe hunda uumuu dandaya.

إِنَّ اللَّهَ عَلَى كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ ﴿٤٥﴾

*Dhugumaan aayata waa namaa ibsitu bu-ufnee jirra, sun qur'aanaa ,

لَقَدْ أَنْزَلْنَا آيَاتٍ مُبِينَاتٍ

*Rabbiin nama fedhe ni qajeelcha,

وَاللَّهُ يَهْدِي مَنْ يَشَاءُ

46} *Karaa diriiraa haqatti nama geessu, sun karaa islaamatii.

إِلَى صِرَاطٍ مُسْتَقِيمٍ ﴿٤٦﴾

*Ormi munaafiqaa warri afaanin islaamaa kan gara'aan kaafiraa akki je'e Rabbiifii ergamaa isatti amanne,

وَيَقُولُونَ آمَنَّا بِاللَّهِ وَبِالرَّسُولِ

*Dubbii Rabbiitifii dubbii rasuula isaa yookaa ergamaa isaa dhageenye je'an ,

وَأَطَعْنَا

*Eegasii garun isaanii shari'aa Rabbii qee-balu'urraa gara gala

ثُمَّ يَتَوَلَّى فَرِيقٌ مِنْهُمْ

*Eeguma nuti amanne je'anii,

مِنْ بَعْدِ ذَلِكَ

47} * Jarri sun warra iimaana qabuu miti, warri gara'aafii afaanin islaamayee miti

وَمَا أُولَئِكَ بِالْمُؤْمِنِينَ ﴿٤٧﴾

*Hoggaa gara Rabbiifii ergamaa isaa ko-otaa,

وَإِذَا دُعُوا إِلَى اللَّهِ وَرَسُولِهِ

*Haa isaan jiddu'utti hakamuuf yookaa fir-dii godhu'uuf jecha yaamaman

لِيَحْكُمَ بَيْنَهُمْ

48} *Gariin orma munaafiqaa sun nabi Mu-hammaditti dhufuu didan, haqa namaa ,ke-nnaa nuun je'aadhaf.

إِذَا فَرِيقٌ مِنْهُمْ مُعْرِضُونَ ﴿٤٨﴾

*Ammoo yon heyn'i isaanii namarraa jiraata

وَأِنْ يَكُنْ لَهُمُ الْحَقُّ

49} *Nabi Muhammaditti daddafanii dhu-fan isaanii dubbii isaa dhagayu.

يَأْتُوا إِلَيْهِ مُذْعِنِينَ ﴿٤٩﴾

*Si qalbii isaanii keessa kufriin, Rabbi moromuunjirti moo, wanni didaniif,

أَفِي قُلُوبِهِمْ مَرَضٌ

*Si nabi Muhammad nabiiyyii tayuu sha- kkan moo,

أَمْ أَرَأَيْتُمْ

*Takkaa Rabbiifii rasuulli firdii keessatti isaan godda'uu sodaatan ? rabbiifii rasuulli isaa firdii keessatti isaan miidhuu waan so- daanne, akka rabbiifii rasuulli isaan hin miine beekhanii jiraanii wanni didaniif,

أَمْ يَخَافُونَ أَنْ يَحِيفَ اللَّهُ عَلَيْهِمْ وَرَسُولَهُ ۚ

50} *Isaantu warra hukmii Rabbii didu'uun ifmiidhe .

بَلْ أَوْلِيَّكَ هُمُ الظَّالِمُونَ ﴿٥٠﴾

*Wanni mu'minarratti jim,

إِنَّمَا كَانَ قَوْلَ الْمُؤْمِنِينَ

*Hoggaa gara Rabbiitifii gara ergamaa isaa yaamaman ,

إِذَا دُعُوا إِلَى اللَّهِ وَرَسُولِهِ

*Haa isaan jiddu'utti dubbii laalee firdii godhu'uuf,

لِيَحْكُمَ بَيْنَهُمْ

*Dhageenyee jaalanee dalaga'arra ool- chini jechu'u,

أَنْ يَقُولُوا سَمِعْنَا وَأَطَعْنَا

51} *Isaan akkas je'an sun warra milkaaye.

وَأَوْلِيَّكَ هُمُ الْمُفْلِحُونَ ﴿٥١﴾

*Namni dubbii Rabbiitifii dubbii ergamaa isaa dhagayee itti dalagee,

وَمَنْ يُطِيعِ اللَّهَ وَرَسُولَهُ

* Azaaba Rabbii sodaatee waan inni itti ajaje dalage ,waan inni irraa dhoowwerraa dhoowwame ,

وَيَحْشَ اللَّهُ وَيَتَّقَهُ

52} *Isaan isaanuma warri waan fedhu arg- atee milkaaye, jannata haqa godhatanii

فَأَوْلِيَّكَ هُمُ الْفَائِزُونَ ﴿٥٢﴾

*Ormi munaafiqaa sun kakhatanii jiran

❖ وَأَقْسَمُوا بِاللَّهِ

*Khakhuu isaanii ta hoonga geesse jabduu,

جَهْدًا يَمْنَنُ

*Wanni irratti isaan khakhatan wallaahi ba- kka ati deemtu si wajji deemna . duulaf ba- yaa yoo nuun jettee nu ajajje si wajji baana, jechu',

لَنْ أَمْرَهُمْ لِيُخْرِجُنَّ

*Wanni isaaninjettu hin khakhatinaa

قُلْ لَا تَنْفِسُوا

*Dubbii nabii dhagayu'uutu khakhu malee,
 waan inni je'u dalagu'uutu, khakhuu tee-
 ssan tan hin dhugo'oomsinerra caalaa
 53} *Rabbiin waan isin dalaydan ni
 beekhaa

طَاعَةٌ مَّعْرُوفَةٌ

إِنَّ اللَّهَ خَيْرٌ مِّمَّا تَعْمَلُونَ ﴿٥٣﴾

*Rabbiifii rasuula dhagayaa, waan itti Aja-
 jamtan dalagaa, waan irraa dhoowwamtan
 dhiisaaje'iin,

قُلْ أَطِيعُوا اللَّهَ وَأَطِيعُوا الرَّسُولَ

*Duuba isin yoo waan inni je'u dhagayuu
 diddanii irraa gara gaitan,

فَإِنْ تَوَلَّوْا

*Wanni rasuularratti jiru waan isarra khaa-
 yame dalaguu, sun diinaa isinitti geessu'uu,

فَإِنَّمَا عَلَيْهِ مَا حُمِّلَ

*Isin wanni isinirratti jiru, dubbii isaa
 dhagayu,

وَعَلَيْكُمْ مَا حُمِّلْتُمْ

*Yoo dubbii isaa dhageessanii jala de-
 emtan,

وَإِنْ تُطِيعُوهُ

* Karaa jannataa kan jaalala Rabbitti isin
 geessu qajeeltan, yoo diddan ifuma mii tan
 ergamaa keenya mitii,

تَهْتَدُوا

54} *Wanni ergamaa keenyarratti jiru waan
 biraatii mitii diin islaamaa addeessee umm-
 atatti geessu', yoo geesse, dalagaan isaa
 dhumtee waan inni isinitti geese dhagaya'-
 aajala deemaa.

وَمَا عَلَى الرَّسُولِ إِلَّا الْبَلَاغُ الْمُبِينُ ﴿٥٤﴾

*Rabbiin nama isinirraa amanee, waan ga-
 arii dalageef, baallama seenee jira rnaal
 je'ee,

وَعَدَ اللَّهُ الَّذِينَ آمَنُوا مِنْكُمْ وَعَمِلُوا الصَّالِحَاتِ

*Lafa tanarrattan isaan moosisa,

لَيَسْتَخْلِفَنَّهُمْ فِي الْأَرْضِ

* Akka warra amane, kan waan gaarii
 dalage kan isaan dura dabre moosisetti

كَمَا اسْتَخْلَفَ الَّذِينَ مِنْ قَبْلِهِمْ

*Akkasuma diinaa islaamaa kan isaanif
 jaalate san gad dhaabetan isaanif jabeessa
 diin biraa hundarra isa aansee, mul'isee, bi-
 yya hedduu qabatanii irratti moosisee, je'ee
 baallama seene,

وَلَيُمَكِّنَنَّ لَهُمْ دِينَهُمُ الَّذِي ارْتَضَى لَهُمْ

* Amrnas akki je'e soda kufTaaraa kan

وَلَيَسِدِّ لَّهُمْ مِنْ بَعْدِ خَوْفِهِمْ أَمْنًا

amma keessajiran kana, sodaa dhabu'uttin .nagayattin, isaanii jirjiira, waan sadeen kanan, orma islaarnatiif godha je'eeti, Rabbiin khakhatee baallarna seenef, sadeen sun isaan moosisuu, biyya kufTaara isaan cinqee sanirratti. Diin islaamaa mul'isuu. Sodaa isaanii nagayatti isaanii jirji iru ... wanni Rabbiin aayata tana buusef: nabi Muharnmadiifii ormi islaa maa kan isatti amanee madiina'atti wajji godaane, arabni hundi lafarraa isaan fixu'uuf itti marsee, sodaa keessa halkanii guyyaa miya lolaa lafan kaayan, duuba Rabbiin isaanii akkasitti jiru, biyya kuffaaraa ni qabattanii , diin islaamaa ni mul'ataa soda isinirraan deemsisaa, hin yaadd ayinaa je'ee, baallarna seenefii abdachiise. Duuba akkuma je'etti waan san hunda argamsiiseefii, isaan faarsee akki je'e,

*Isaan sun na ibaadanii tokkummaa tiyya yaadanii, waa takka natti hin qindeessanii takkaayuu hin qixxeessanii, anuran qofa ibaadani, tanaafan waan san hunda godheef,

*Namni orma islaamaa kanneen akkasitti waa narraa argaterra kafa jarri eegan akkasitti badhaasee. galata naa galchuu dhiisee, inumaa natti kafa,

55} *Isaani warri kara'arraa baye, warri dura dursoo qananii Rabbii san morome, warra ashaab {usmaan} ajje ese, achirraa ormi islaamaa wal fixuu jalqabe, eeguma obboleeyyan tayuu turanii, eeguma walii turnsuu malee waan biraa dhiisanii.

*Salaata shanan salaataa, zakaa baafadhaa,

*Rasuula Rabbii dhagayaa

56} *Akka rahgmata Rabbii argattan.

*Warra Rabbitti kafa hin seyin

*Waan dachii tanarratti nu dadhabsiis an hin seyin, dheesani azaaba kheenya jalaa bayanii hin seyin, bakka itti nu ja laa bayan hin qabanii,

*Aakhira'atti manni isaanii ibiddaa,

57} *Bakkeen isaan itti deeman, waa hamtu'uu, sun ibiddajahannamii.

يَعْبُدُونَنِي لَا يُشْرِكُونَ بِي شَيْئًا

وَمَنْ كَفَرَ بَعْدَ ذَلِكَ

فَأُولَئِكَ هُمُ الْفَاسِقُونَ ﴿٥٥﴾

وَأَقِيمُوا الصَّلَاةَ وَآتُوا الزَّكَاةَ

وَأَطِيعُوا الرَّسُولَ

لَعَلَّكُمْ تُرْحَمُونَ ﴿٥٦﴾

لَا تَحْسَبَنَّ الَّذِينَ كَفَرُوا

مُعْجِزِينَ فِي الْأَرْضِ

وَمَا أُولَئِكَ إِلَّا نَارٌ

وَلَيْسَ الْمَصِيرُ ﴿٥٧﴾

*Yaa warra Rabbitti amane

يَا أَيُّهَا الَّذِينَ آمَنُوا

*Gabroonni keessaniifii ,

لِيَسْتَعِذَّ بَكُمْ الَّذِينَ مَلَكَتْ أَيْمَانُكُمْ

* Joollen, warri hin saalfatin , kan haala

وَالَّذِينَ لَمْ يَبْلُغُوا الْحُلُمَ مِنْكُمْ

dhala'aa beekhu, hoggaa bakka isin jirtan seenuu fedhan kanneen waan namni irraa qaanfatuufii kaan adda baran, odoo hin seenne, ni seennaa je'anii iznii isinirraa haa barbaadanii ,

*Yaroo sadii keessa iznii malee isinitti hin seenin, sadeen sun,

ثَلَاثَ مَرَّاتٍ

*Waytii salaata subhgi'ii dura, waan waytii hirriibarraa ka'an, kan huccuu uffatan taatef,

مِنْ قَبْلِ صَلَاةِ الْفَجْرِ

*Hoggaa huccuu teessan baafattanii lafa keessan,

وَحِينَ تَضَعُونَ ثِيَابَكُمْ

*Waytii orra'aa kan ow'i jabeesse sun zuhri'ii,

مِنَ الظَّهِيرَةِ

*Hoggaa salaata kgishaa'iidhaa boodas sun waytii namni huccuu baafatee hirriibaf ka'uu

وَمِنْ بَعْدِ صَلَاةِ الْعِشَاءِ

*Isiin tun, waytii sadii, tan isii keessa wanni irraa saalfatan, qaama keessanirraa mul'attuu, nama isin khadda muufii joollen teessan, waytii tana iznii teessaniin malee akka isinitti hin seenne, barsiisaa,

ثَلَاثُ عَوْرَاتٍ لَكُمْ

*Ammoo eega waytii sadeen tanaatii yon joolle'eefii warri isin khaddamu iznii malee isinitti seente yookaa seene, isiniifii isaanilleen dilii hin qabdan, maa iznii malee seennaniif takkaa maa itti dhiiftaniifhin yak-kamtan

لَيْسَ عَلَيْكُمْ وَلَا عَلَيْهِمْ جُنَاحٌ بَعْدَ هُنَّ

*Waan isaan isin khaddamu'uuf isinirra naannawaniif,

طَوَفُوتٍ عَلَيْكُمْ

*Gariin keessan garii keessanirra naannawaa takkaa seena, khaddamu'uuf takkaa if khaddamsiisu'uuf, odoo sanirraa dhoowwamtanii ni rakkattanii ,

بَعْضُكُمْ عَلَى بَعْضٍ

* Akkasitti Rabbiin heera jiruu gaari'ii isinii ibsa,

كَذَلِكَ يبين الله لكم الآيات

*Rabbiin waan gabroota isaatii tolu ni

وَاللهُ عَلِيمٌ

beekha,

58}*Kan waan itti isaan ajajuufii,waan irraa isaan dhoowwu keessatti hikmaa qabu . aayanni iznii barbaadu'uu tun, gariin huk-mii isi'ii dhurnte je'a gariin lakkii hin dhu-mnee namaatu itti dalaguu laaffise je'a.

* Joollen hoggaa saalfata geesse,

*Waytii sadeen san qofaa mitii waytuma hunda hoggaa isinitti seenuu fedhan iznii isinirraa haa barbaadanii ,

*Akkuma warri gurguddaan isaan duraa iznii barbaadetti,

*Akkasitti Rabbiin heera isaa isinii ba-yaansa,

59}*Rabbiin beekhaa waan dalagu hunda keessatti hikmaa qabu, kan waan malu malee gabrootan isatti hin dalayne.

*Beerri dulloomee, dhiiyni aada'aa irraa citee,dhalarraa teesse, takkaa dhiifte,

*Kanneen heeruma hin khajeelle fidhiin keessatti duutee,

*Huccuu fuulafii harkaan if dabooltu ifirraa kaayun, dilii isi'irratti hin tayu

*Kan faayattee namatti hin mulifne yoo

sharxiin tun argamte fuulafii shanacha lamaan dhiira alagatti mul'isuun isii-dhaa dili'ii miti. Waan dhiirti isii khajeelun hin sodaatamneef. Ammoo yoo fitnaan sodaatamte hin gayu,

*Haa tayuu kanuma dhiirti isii khajeelun hin argamne kana, akkuma dhala darda-ratti if hagooydee dhiira ifirraa eegu'uutu isi'iif irra caala dhiirti gariin waanuma dha-laa taye lafan buuftuu,

60}*Rabbiin waan isaan je'an ni dhag

*Balla'arratti diliin hin jirtu

حَكِيمٌ ٥٨

وَإِذَا بَلَغَ الْأَطْفَالُ مِنْكُمُ الْحُلُمَ فَلْيَسْتَذِنُوا

كَمَا اسْتَذِنَ الَّذِينَ مِنْ قَبْلِهِمْ

كَذَلِكَ يُبَيِّنُ اللَّهُ لَكُمْ آيَاتِهِ

وَاللَّهُ عَلِيمٌ حَكِيمٌ ٥٩

وَالْفَوَاحِشُ مِنَ النِّسَاءِ

الَّتِي لَا يَرْجُونَ نِكَاحًا

فَلَيْسَ عَلَيْهِنَّ جُنَاحٌ أَنْ يَضَعْنَ

يَدَيْهِنَّ

غَيْرَ مُتَبَرِّجَاتٍ بِزِينَةٍ

وَأَنْ يَسْتَغْفِرْنَ خَيْرٌ لَهُنَّ

وَاللَّهُ سَمِيعٌ عَلِيمٌ ٦٠

لَيْسَ عَلَى الْأَعْمَى حَرَجٌ

* Ammallee naafarratti d i li in hin j irtu,

وَلَا عَلَى الْأَعْرَجِ حَرَجٌ

* Ammallee nama dhukkubsaturratti diliin

وَلَا عَلَى الْمَرِيضِ حَرَجٌ

hin jirtu ,yoo jihaadarraa oolan waan lola hin dandeenyef, takkaa jarra dubbanne balla'aafii naafafii dhukkubsataa.wajji nyaatun dili'ii miti jechu' , wanni aayanni buutef orma islaamatiitu ballaan bakka luq maana gaariin jirtu qorii keessatti hin argu. naafni akka gaari'itti taa'ee nyaatuu hin dandayuu , dhukkubsataanis dandayee nyaatee, haqa isaa hin fudhatuu, Rabbiin horii nama haqaan male'etti nyaatu'urraa nu dhowwee jiraa'je'anii,jara kanaan wajji nyaatuu sodaatan, hoggaa san Rabbiin hin sodaatina'aa wajji nyaadhaa'je'ee kharaa isaanii godhe, takkaa warra fayyaa hin qabneetu warra fayyaa qabuun wajji nyaatuu sodaatee nu jibban je'anii, irra dheysanii, tanaaf aayanni buutee ,diliin qabdanii wajji nyaadhaa jette

*Ammallee diliin isinirraa hin jirtu yoo mana beera kee ssaniitii nyaattan tak kaa mana ilmaan keessaniitii nyaattan dhalaa tayuu dhiira tayuu manni ilmaanii akkuma mana ifiitii,

وَلَا عَلَى أَنْفُسِكُمْ أَنْ تَأْكُلُوا مِنْ بُيُوتِكُمْ

*Takkaa mana abbootii teessanirraa,

أَوْ بُيُوتِ آبَائِكُمْ

*Takkaa mana haadhotii teessanirraa,

أَوْ بُيُوتِ أُمَّهَاتِكُمْ

*Takkaa mana obboleeyyan keessanirraa

أَوْ بُيُوتِ إِخْوَانِكُمْ

*Takkaa mana obbuloowwan keessani

أَوْ بُيُوتِ أَخَوَاتِكُمْ

*Takkaa mana adeerran {abbeerran} keessanirraa,

أَوْ بُيُوتِ أَعْمَامِكُمْ

*Takkaa mana adaadowwan keessan irraa,

أَوْ بُيُوتِ عَمَتِكُمْ

*Takkaa mana eessumman keessanirraa

أَوْ بُيُوتِ أَخَوَالِكُمْ

*Takkaa mana indooyyee {haboo} teessamirraa

أَوْ بُيُوتِ خَالَاتِكُمْ

*Takkaa mana wakiila itti taatanii furan isaa harka keessan j iru, takkaa ooyruu isatti takkaa horii isatti wakkalarntanirraa ,asheeta nyaatuu aanan dhuguu keessan keessa ,

أَوْ مَا مَلَكَتْكُمْ مَفَاتِحُهُ

*Takkaa manajaala keessanirraa nyaatuu

أَوْ صَدِيقِكُمْ

keessa diliin hin jirtu, mana jara dubbanee sanirraa dhaqanii waa nyaatuu keessa diliin hin jirtu, odoo iznii isaanii malee taatelle'ee, odoo isaanilleen jiraatuu baatanille'ee, yoo ni jaalatanii beekhan, yaada gaarii ulamaa'iidharratti deem nee, ammoo yaanni biraa odoo jaalatuu isaanii beekhullee baatanii je'a, sharxii hin jaalatuu hin beekhiniin ,

*Wal geessanii wajji nyaatun,

لَيْسَ عَلَيْكُمْ جُنَاحٌ أَنْ تَأْكُلُوا جَمِيعًا

*Adda addaan nyaatun diliin qabu , wanni

أَوْ أَشْتَاتًا

qabu, wanni aayanni tun buutef jara takkootu tokkoon isaanii, yoo nama wajji nyaatu argate malee, khophaa nyaatuu didee, guyyaa guutuu nyaatafii dhugaatii malee taa'a, tanaaf Rabbiin wajji nyaatu'uufii adda nyaatulleen homaan qabu je'ee beysise,

*Yoo mana kheessan kan namni hinjirre seentan,

فَإِذَا دَخَلْتُمْ بُيُوتًا

*Ifirratti salaammadhaa assalaamu kgalay-

فَسَلِّمُوا عَلَى أَنْفُسِكُمْ

naa wa kgalaa kgibaadillaahissaalihgiin} je'aa, yoo akkas jettan ma laaykan isinirratti deebiftii, yoommo warri keessan mana keessan keessa jiraate, warra keessan sanirratti salaammadhaa {assalaamu kgalaykum} je'aadhaa, eegasii bultee ooltee je'aa yoo feetan,

*Salaamtaa Rabbii biraa taate tan bara kaa qabdu, gaarii, nama gammachiiftu, sun {assalaamu kgalaykum} jech u'uu makgnaan isaa nageenyi Rabbii isinirratti haa jiraatu jechu'u {assalaam} maqaa Rabbiitii,

تَحِيَّةً مِنْ عِنْدِ اللَّهِ مُبَرَكََةً طَيِّبَةً

* Akkasitti Rabbiin karaa diinaa isaa isinii bayaansa yookaa ibsa,

كَذَلِكَ يَبَيِّنُ اللَّهُ لَكُمْ آيَاتِهِ

61} * Akka beytanii itti dalaydaniif.

لَعَلَّكُمْ تَعْقِلُونَ ﴿٦١﴾

*Mu'mina guutuu jechuun, isaan rabbiifii rasuula isaa akkaan dhugo'oomse, dhugo'oomsuu shakkiin keessanjirre

إِنَّمَا الْمُؤْمِنُونَ الَّذِينَ آمَنُوا بِاللَّهِ وَرَسُولِهِ

*Isaan hoggaa nabi muhammadiin wajji jiran,

وَإِذَا كَانُوا مَعَهُ

*Dalagaa jabduu, namni hundi wajji dalaguun barbaadamurratti wal gayanii , takkaa masjidatti wal gayanii,

عَلَى أَمْرٍ جَامِعٍ

*Dalagaa san nabirratti yookaa namarratti dhiisanii hin deeman , dantaa wahiitii jecha

لَمْ يَذْهَبُوا

*Hanga iznii yookaa eehama irra barbaadanitti duuba nama fedheef iznii godha ,

حَتَّى يَسْتَأْذِنُوا

*Warri iznii sirra barbaadu,

إِنَّ الَّذِينَ يَسْتَنْذِرُونَكَ

*Isaan warm Rabbiifii rasuula isaa dhug-o'oomse,

أُولَئِكَ الَّذِينَ يُؤْمِنُونَ بِاللَّهِ وَرَسُولِهِ

*Duuba yoo garii dantaa isaanitiif iznii {eehama} sirra barbaadan, si biraa deemanii , haajaa bayu'uu jecha ,

فَإِذَا أَسْتَنْذَرْتُكَ لِبَعْضِ شَأْنِهِمْ

*Isaanirraa abbaa {nama} feetef iznii godhi haa deemee haajaa bayuu,

فَإِنَّ لِمَنْ شِئْتَ مِنْهُمْ

*Araarama rabirraa isaani f barbaadi,

وَأَسْتَغْفِرْ لَهُمُ اللَّهُ

62} *Rabbiin kan namaaf araaramee rahg-mata nama godhu .

إِنَّ اللَّهَ غَفُورٌ رَحِيمٌ ﴿٦٢﴾

*Yaaminsa isin rasuula yaamtan hin godhinaa,

لَا تَجْعَلُوا دُعَاءَ الرَّسُولِ بَيْنَكُمْ

*Akka yaaminsa gariin keessan garii kees-

كَدُعَاءِ بَعْضِكُمْ بَعْضًا

san yaamuu hin godhinaa akka yaa abalu jettanii, wal yaamtanitti, yaa Muhammad jettanii nabi hin yaamina'aa akka khabaja'atti isa yaamaa, yaa rasulullaah yaa nabiyyullaah, yaa imaamulmursaliin, yaa khaata mannabiyyiin, waan kana fakkaatun yaamaa. kabaja'aa qooqa gad qabadha'aa. aayata tanarraa wanni fudhannu, nabi Muhammad waan isaan guddisuun keessa jiru malee , waan biraatin yaamun , hin gayu, gaafa isaan addunya'arra jiraniifii eega isaan gara Rabbii dabranille'ee, kanumarraa akka namni rasuula Rabbii Muhammad waan qixxeessun, takkaa diin isaa xiqqeessuu beysisuun maqaa dhaye kaafira addunya'aafii aakhira'atti abaarama taye, beyna,

*Rabbiin beekhee jira,

قَدْ يَعْلَمُ اللَّهُ

*Warra isinirraa dhoysa'aan odoo iznii sirraa hin fudhanne si biraa ka'ee deemu

الَّذِينَ يَتَسَلَّلُونَ مِنْكُمْ

*Wal duubatti dhukhatanii kun kanaan da-

لِوَادَا

yatee, kuun kaanin dayatee, akka nabiin isaan hin agarreef, isaan hoggaa nabi Muhammad khuxba'aaf mimbara kore, guyyaa jum'aadhaa faa, hoggaa namni heddommaate bita'aa mirga isaanii laalaniituma, tokko tokkoon bayan, ammo ormi kuun, hoggaa tokkoon isaanii haaja'aaf bayuu fed he, ka'eeti fuula nabii dura dhaabbatee, akka nabiin argutti iznii barbaadee, yoo iznii godheefbayee, hoggaa taan taa'a , waan nabije'u ~ hin diduu, akka onna mun-aafiqatti guyyaa jum'aadhaa tayuu, guyyaa lolaa tayuu, hoggaa biraa tayuu,

*Warri dubbii Rabbiitifii dubbii ergamaa isaa khilaafu yookaa didu haa sodaatuu,

فَلْيَحْذَرِ الَّذِينَ يُخَالِفُونَ عَنْ أَمْرِهِ

*Balaan isaan tuquu addunya'arratti,

أَن تُصِيبَهُمْ فِتْنَةٌ

63} *Takkaa azaabni isaan laalessu aakhi-
ra'atti isaan tuquu haa sodaatanii tanaaf je-
cha dubbii ergamaa isaa diduu haa dhii-
sanii.

أَوْ يُصِيبَهُمْ عَذَابٌ أَلِيمٌ ﴿٦٣﴾

*Dhagayaa wanni sami'iifii dachii keessa
jiru hundi tan Rabbiiti, uuma'aafii, qabee-
nyafii, gabruma'alle'een, isaan gabrootan
isaati uumaa isaati,

أَلَا إِنَّ لِلَّهِ مَا فِي السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ

*Waan isin irratti jirtan Rabbiin dhugu-
maan beekha iimaana tayuu kufrii tayuu

قَدْ يَعْلَمُ مَا أَنْتُمْ عَلَيْهِ

*Rabbiin dhugumaan guyyaa isaan gara
isaa deebi'an beekha

وَيَوْمَ يُرْجَعُونَ إِلَيْهِ

*Duuba gaafas waan isaan dalagan kheyrii
tayuu sharrii tayuu itti odeessa irraa isaan
gaafata,

فَيُنَبِّئُهُمْ بِمَا عَمِلُوا

64} *Rabbiin waa hunda beekhaa.

وَاللَّهُ بِكُلِّ شَيْءٍ عَلِيمٌ ﴿٦٤﴾